# ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT

جبهة تحرير أورومــو

Gaafa: **12/04/2006**
Date: تاريخ

Lakk.: **025/04/2006**
No.: رقم

## Dhaamsa Adda Bilisummaa Oromoo

### *Guyyaa Gootota Oromoo Ebla 15, 2006*

Hunda dura baga Guyyaa Ayyaana Gootota Oromoo bara 2006 waliin geenye jechaa nagaa Oromummaa, kan sabummaa fi lammummaa maqaa miseensotaa fi hogganoota ABOtiin isinii dabrsina.
Guyyaan Gootota Oromoo dhaaba keenya ABO keessatti ayyaaneffatamuu erga eegalee waggootii 20 ol ta'ee jira. Guyyoota waggaa tokko keessa jiran keessaa Ebli 15, Guyyaa Gootota Oromoo jedhamee kan moggaafamee fi ittiin ayyaanefatamuuf sababiin malee miti. Ebla 15, bara 1980 keessaa ture hogganoonni ABO, Dura Taa'aa fi I/Aanaa dabalatee osoo dirqama QBOf amna irra jiranii kan wareegaman. Gootowwan hogganootni ABO wareegamuu duwwaa osoo hin taane dhiiga isaaniitiin tokkummaa ummata Oromoof xurree taraaranii kan kufan guyyaa kana ture. Ilmaan Oromoo hedduunis xurree gootowwan keenya saaqan irra bu'udhan bilisummaa ummata Oromoo mirkaneessuuf wareegama hedduu kaffalan, har'a illee dhalootni haaraan galfata/gachaa gootowwan keenyaa bakkaan gahuu irratti wareegamaa jiru. Walumaa galatti Ebli 15, Guyyaa Gootota Oromoo ilmaan Oromoo kaleessaa fi dheengada, har'as dabalatee bilisummaa saba isaaniif jecha falmaa diinaa irratti lubbuu isaanii kan jijjiirraa hin qabne itti wareegan kan ittiin yaadannu dha. Gootowwan keenya kan bilisummaaf jecha wareegaman kana guyyaa tokko duwwaa yaadannee kan dhiifnu osoo hin taane bara baraan seenaan kan isaan yaadataa jiraatuu dha. Gootonni ilmaan Oromoo borullee bilisummaa saba isaani mirkaneessuuf wareegaman tarree gootowwaan kanaatti seennii yaadatamu.

Guyyaa Gootota Oromoo kana akka lamatti yaadanna. Abbootii, hawwan, obboleewwanii fi jaallewwan walumaa galatti gootowwan keenya qabsoo bilisummaa irratti wareegaman dhabuu keenyatti ni gaddina. Kanaaf gaddaan yaadanna. Gama biraatiin ammoo lubbuu isaanii itti wareeganii saba Oromoo seenaan isaa dhokatee, eenyummaan isaa wallaalamee, aadaa fi afaan isaa qarqara dhabamuu gahee ture ol kaasani Oromoo saba beekamaa, gaaffiin mirgaa inni gaafataa jiru kan bira dabruun hin danda'amne waan taasisaniif isaaniin bonna, dhaadanna, mataa ol qabannee deemna. Kanaaf guyyaa kana gammachuun yaadanna.

**Yaa Ummata Keenya!!**

Guyyaa kana yeroo yaadannu akeekni Gootowwan keenya itti kitimaa ta'an har'a maal keessa jira jennee wal gaafachuun karaa dha. Har'a ummatni Oromoo haala akkamii keessa jira, diinni isaa hoo maal godhaa jira jechuun xiinxala gabaabaa godhuun xurree

gootowwan keenya lubbuu isaaniitiin saaqan tiksuu fi jabeessuu irratti nu gargaara. Gucci qabsoo bilisummaa gootowwan keenya qabsiisan har'a yoom illee caalaatti golee Oromiyaa hunda waliin gahee ifee mul'ataa jira. Kaayyoon gootowwan keenya osoo bakkaan gahuuf carraaqanii irratti wareegaman har'a ummata Oromoo miliyoonatti lakkawamuutti dabree diina raasee sodaachisaa jira. Qabsaawaatu du'a malee qabsoon hin duutu dhaadannoon jedhu har'a qabatamaatti ummata Oromoo biratti hojiin mirkanaawee jira.

Guyyaa Ayyaana Gootota Oromoo bara kanaa bifa haaraa fi sirna ho'aa dhaan ayyaaneffanna. Yeroo kamillee caalaatti faajjii gootowwan keenya nutti dabarsanii kufan ol kaafnee galin gahuuf sochii cimaa kan godhaa jirru bara kana keessa. Ummatni Oromoo golee Oromiyaa mara irraa ka'ee gabrummaan nuu gahe jechuudhan tokkummaan harka wal qabatee finicla diddaa gabrummaa finiinsaa jira. Gootowwan barattoota Oromoo, dargaggoota, hojjatootaa fi qonnan bulaan Oromoo harka duwwaa diina irratti finciluun gaaffii mirgaa fi siyaasaa dhiheessaa jiran. Ummatni Oromoo mootummaa Wayyaaneetiin ammaan booda nu bulchuu hin dandeessu jedhee ifatti itti himee bilisummaaf wareegama barbaachisu kaffalaa jira. Qabsoon bilisummaa Oromoo har'a sadarkaa guddaa fi amansiisaa irra gahee jira. Gucci gootowwan keenya qabsiisanii nutti dabarsan hin dhaamne, daran belbelee Oromiyaa guutummaa keessatti ifaa jira. Kanaaf Guyyaa Gootota Oromoo bara kanaa haala hoo'aa fi addaatiin kabajanna kan jennuf.

**Yaa Ummata Keenya!!**

Fincilli Diddaa Gabrummaa Sadaasa 9, bara 2005 jalqabe haga guyyaa har'aatti hin dhaabbanne. Diinni fincila kana dhaamsuuf tarkaanfii gara jabeenyaa kan ummata jimlaatti hidhuu, mana gubuu, qabeenya saamuu, reebee hiraarsuu fi ajjeesuu fudhatu illee ummata Oromoo akeeka ka'eef irraa of duuba deebisuu hin dandeenye. Ummatni Oromoo gootummaa isaa hojii dhaan mirkaneessaa jira. Wareegamni akeeka keenya irraa of duuba nu hin deebisu jechuun FDG itti fufee jira. Ummatni Oromoo kan dhiiga gootowwan isaa irra tarkaanfatee manatti deebi'ee taa'u miti. Ummatni Oromoo kan hidhaa fi reebichi waan jedhe irraa of duuba deebisu miti. Ummatni Oromoo ummata jagna fi murataaa tahuu FDG geggeessaa jiruun guyyuu mirkaneessaa jira.

Qabsoo bilisummaa geggeessaa jirun ummatni Oromoo diina sodaachisee raasaa jira. FDGn baatii afurii oliif deemaa jiru mootummaa Wayyaanee rifachiisee waan qabatuu fi dhabu isa walllaalchisaa jira. Ummata Oromoo keessaa fi alatti kabajaa gonfachiiseera. Warri duraan gaaffii ummata Oromoo hin beekne akka beekan dirqisiiseera. Ummatni Oromoo sochii godhaa jirun humna tahuu isaa mirkaneessaa jira. Qabsoon bilisummaa Oromoo sadarkaa kana irra gahuun isaa lafeen gootowwan keenyaa cabe, dhiigni isaanii lola'e bilaashatti akka hin hafne, bilisummaa magarsaa jiraachuun isaa qabsaawota har'aatiif abdii guddaa dha.

**Yaa Ummata Oromoo!!**

Guyyaa Gootota Oromoo yeroo yaadannu dirqama nu dura jiru illee osoo wal hin yaadachiisin bira dabruun hin tahu. Qabsoon bilisummaa finiinee sadarkaa amansiisaa irra gahe galii isaa akka gahuuf maal godhuu akka qabnu wal yaadachiisuun barbaachisaa dha.

- Qabsoon hidhannoo fi siyaasaa bifa qindaaween jabaatee itti fufuu qaba. Kanaaf ammoo ummatni Oromoo waan isa irraa eegamu, akkuma godhaa ture daran bal'isee itti fufuu qaba.
- Fincilli diddaa gabrummaa jalqabee jiru osoo adda hin dhaabbannee haga diinni Oromiyaa keessaa bahutti jabaatee itti fufuu qaba. Diina biyya keenya cabsee nu ajjeessaa fi hidhaan nu dararaa jiru of irraa kaasuuf waan qabnu hundaan loluu qabna. Lola kana keessaa tokko qabeenya keenyaan kan lolluu dha. Diinni keenyuma nyaatee irree horatee nu midhaa jira. Qabeenya keenya gurguree rasaasa ittin nu ajjeesu bitata. Kanaaf diina qabeenya keenya dhorkachuun haa lollu.
- Lammiiwwan Oromoo kanneen dantaa mataa keessaniif jecha sirna cunqursaa bira dhaabbachuun ummata keessan miidhaa jirtan gochaa itti bobbaatanii jirtan irraa dhaabbadhaa jenna. Mootummaan har'a ummata Oromoo miidhaa jiru kufaatiin isaa fagoo mitii hubadhaa. Kanaaf haga ammatti yakka ummata irratti raawwattaniif dhiifama gaafadhaa dafaa gara mooraa qabsootti deebi'aa jenna.
- Ilmaan Oromoo humna waraanaa, tikaa, polisii fi milishaa Wayyaanee keessa jirtan diinaaf ulee taatanii qabsoo bilisummaa saba keessanii dura hin dhaabbatinaa. Afaan qawwee keessanii gara diinaatti deebisaa. Mootummaa kufee guyyaa awwaala isaa eeggataa jiruu cinaa hin hiriirinaa.
- Ummatni Oromoo qabsoo bilisummaa finiinsaa jiru shaffisaan galiin gahuuf fira qabsoo horachuu fi diina xiqqeeffachuun irraa eegama. Kanaaf firoota qabsoo kan yeroo fi tarsimoo adda baafachuun mooraa diinaa haphisuun, mooraa qabsoo bilisummaa gabbisuun yeroon isaa amma jenna.
- Barattoota, dargaggootaa fi shammaran Oromoo, akkuma amma adda duree buutani FDG geggeessuun seenaa galmeessaa jirtanitti duranaafis itti fufuun isin irraa eegama. Gumaa gootowwan keenyaa kan baafnu kaayyoo isaan irratti kufan bakkaan gahuu waan taheef QBO daran jabaatee akka itti fufuu godhuu keessatti qooda isin irraa eegamu akka caalaati baatan gaafanna.
- Sabootni cunqurfamoo fi humnootni dimokraasii fi kabajamuu mirga ummatootaaf dhaabbatan hundi qabsoo bilisummaa ummata Oromoo cinaa akka dhaabbatan waamicha keenya dabarsina.

**Akeeka gootowwan keenya irratti wareegaman bakkan geenya!**

**Ebla 15 Guyyaa Gootota Oromoo Hogguu ni yaadanna!**

**Injifannoo Ummata Oromoof!!**
**Gadaan Gadaa Bilisummaati !!!**